



Baqattoota haaraa dhufan – waan beekuu akkasumas hojjechuu qaban

Akka Awustraaliyaa keessatti qubattan gargaaruuf kaffaltiifi tajaajilawwan isin gargaaran qabna. Kaffaltii keessan argachuu itti fufuuf wantoota gochuu qabdan jiru, nuti kana mutual obligation requirements (ulaagaalee itti gaafatamummaa waliinii) jennee waamna.

Odeeffannoowwan barbaachisoo beekuu qabdan tokko tokko kanneen arman gadiiti:

- Jijjiirama haala keessan irratti dhufu kamiyyuu nutti himuu qabdu.
- Guyyaa Awustiraaliyaa dhuftan irraa eegalee torban 12 jalqabaa keessatti, biyyattii keessa akka qubattan isin gargaaruuf mutual obligation requirements (ulaagaalee itti gaafatamummaa waliinii) irraa waraqaa bilisa ta'uu siif kennama.
- Torban 12 booda Job Plan (Karoora Hojii) qopheessuf isin waliin wal argina. Job Plan (Karoora Hojii) kun kaffaltii keessan itti fufsisuuf hojiiwwan hojjechuu qabdan ni qabaata. Hojiileen kun jireenya Awustiraaliyaa keessa akka qubattu si gargaaru. Beellama kana dhaquu qabdu, sana boodas yeroo hunda gara Centrelink gabaasuu qabda. Yoo kana hin goone kaffaltiin keessan dhaabbachuu danda'a.
- Yeroo baayyee hanga ji'a 12'f Awustiraaliyaa keessa jirattanitti hojii barbaaduun isin hin barbaachisu.
- Ji'a 12'f Awustiraaliyaa keessa erga turtanii booda nu waliin beellama ni qabaattu. Beellama kana irratti haala keessan ilaaltee hojii barbaaduu irratti isin gargaarruf gara dhaabbata tajaajila qaxarii kennuutti isin ergina.
- Namoonni tokko tokko erga torban 12'f bilisa ta'anii booda gara dhiyeessaa tokkootti ergamu. Yoo kun ta'e, beellama irratti argamuun dhiyeessaa waliin Job Plan (Karoora Hojii) irratti mari'achuu qabdu yookaan kaffaltiin keessan dhaabbachuu danda'a.
- Dursitanii hojii argachuuf gargaarsa yoo barbaaddan gara dhaabbata tajaajila hojiitti akka isin organ gaafachuu dandeessu.
- Yeroo kaffaltii nurraa argattanitti haalli keessan yoo jijjiirame kaffaltii keessan irratti dhiibbaa uumuu waan danda'uuf nutti himuu qabdu. Jijjiirama uummame kamiyyuu irraa eegalee guyyoota 14 keessatti kana gochuu qabda. Kanneen arman gadii yoo uummaman nuuf beeksisaa:
 - odeeffannoo dhuunfaa fi quunnamtii keessan yoo jijjiirtan
 - teessoo keessan yoo jijjiirtan
 - hiriyyaa keessan irraa yoo adda baatan ykn hiriyyaa haaraa qabaatan
 - daa'ima qabachuu dabalatee daa'ima kunuunsuu yoo jalqabdan ykn dhaabdan
 - hojii kaffaltii qabu kamiyyuu yoo hojjattan
 - yoo dhukkubsatan, miidhamtan ykn qaama miidhama tatan

Kaffaltii keessan torban lama lamatti argachuu itti fufuuf, hojiile waliigaltee irratti goone hojjechuu fi beellama keessanitti deemuun dirqama. Yoo beellama Centrelink irratti dhaquu hin dandeenye, beellama biraa siif qabachuu akka dandeenyuuf kallattiin nu beeksisuu qabdu.

Hojii keessan hojjechaa akka jirtan nu beeksisuuf yeroo hunda gabaasuu qabdu. Yeroo meeqa gabaasuu akka qabdan isinitti himna. **131 202** irratti nu bilbiluun, gara service centre (wiirtuu tajaajilaa) deemuun ykn akkaawuntii Centrelink keessan kan myGov waliin wal qabatu fayadamuun gabaasuu dandeesu.

Yoo odeeffannoo isin irraa barbaanne xalayaa isiniif ergina. Xalayaa gara teessoo keessaniitti ykn akkawuunti myGov keessaniitti ni ergina. Odeeffannoo nuuf kennuuf guyyoota 14 qabduu yookaan kaffaltii keessan dhaabuu dandeenya. Xalayaa hubachuuf gargaarsa yoo barbaaddan **131 202** irratti nu bilbiluu dandeessu.

Yeroo kiraa manaa kaffaluu jalqabdan Rent Assistance (Gargaarsa Kiraa) argachuu dandeessu maltu. Kun kaffaltii dabalataa baasii kiraa manaa keessaniif gargaaruudha. Kiraa manaa hangamii akka kaffaltan ragaa akka nuuf kennitan isin gaafanna. Waliigaltee liizii nuuf kennuu ykn Rent Certificate (Ragaa Kiraa) guutuu ni dandeessu.

Odeeffannoo dabalataaf, waa'ee kaffaltii fi tajaajila Centrelink irratti afaan oromoon nu haasofsiisuuf **131 202** irratti bilbila. Service centre (wiirtuu tajaajilaa) daawwachuus ni dandeessu.



Newly arrived refugees – what you need to know and do

We have payments and services to help you settle into life in Australia. There are things you must do to keep getting your payment, we call these mutual obligation requirements.

Here is some important information you need to know:

- You need to tell us about any changes in your circumstances.
- During the first 12 weeks from the date you arrive in Australia, you will be given an exemption from mutual obligation requirements to help you settle into the country.
- After 12 weeks, we will meet with you to make a Job Plan. This Job Plan will have activities that you must do to keep getting your payment. These activities help you settle into life in Australia. You must go to this appointment, and after that you must report to Centrelink regularly. If you don't, your payment may stop.
- In most cases you do not need to look for work until you have been in Australia for 12 months.
- You will have an appointment with us after you have been in Australia for 12 months. At this appointment, we will check your circumstances and refer you to an employment services provider to help you look for work.
- Some people are referred to a provider after the 12 week exemption. If that happens, you must attend appointments and negotiate a Job Plan with the provider or your payment may stop.
- You can ask to be referred to an employment services provider earlier if you want help to find work.
- While you are getting a payment from us, you need to tell us if your circumstances change as it may affect your payment. You must do this within 14 days of any change. Let us know if you:
 - change your personal and contact details
 - change your address
 - separate from your partner or have a new partner
 - start or stop looking after a child, including having a baby
 - do any paid work
 - are sick, injured or have a disability.

To keep getting your payment every fortnight, you must do the agreed activity and go to your appointments. If you cannot go to a Centrelink appointment, you need to let us know straight away so we can make another appointment for you.

You must report regularly to let us know you are doing your activities. We will tell you how often you need to report. You can report by calling us on **131 202**, going to a service centre or using your Centrelink account linked to myGov.

We will send you a letter if we need information from you. We will send the letter to your address or your myGov account. You will have 14 days to give us the information or we may stop your payment. If you need help understanding the letter, you can call us on **131 202**.

When you start paying rent, you may be able to get Rent Assistance. This is an extra payment to help with your rent costs. We will ask you to give us proof of how much rent you pay. You can give us a lease agreement or fill in a Rent Certificate.

For more information, call **131 202** to speak to us in your language about Centrelink payments and services. You can also visit a service centre.